Dambii Lakk.183 /2008

**Dambii Sirna Kenniinsa Manaa fi Lafa Mana Jireenyaa Barsiisota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe**

Ogummaan barsiisummaa lammiilee beekumsaan, dandeettiin, ilaalchaa fi sona (duudhaa) gaariin qaruuf itti gaafatamummaa guddaa kan qabu, guddina biyya keenyaa keessatti gahee ol'aanaa kan taphatuu fi adeemsa haaromsa milkeessuu keessatti gahee irraa barbaadamu kan gumaachu waan ta'eef;

Barsiisotaaf naannoo mana jireenyaa fi hojii mijataa taasisuun guddina biyya keenyaa keessatti dirqama ogummaa isaanii karaa kaka'umsa qabuun bahachuu akka danda'aniif deeggarsa barbaachisu taasisuudhaan sirni adeemsa barumsaa tasgabba'aa ta'ee fi barumsi qulqullina qabu naannoo keenya keessa akka jiraatu gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Barsiisotaaf naannoo mana jireenyaa fi hojii mijataa taasisuudhaan, godaansa barsiisonni gahumsaa fi dandeettii guddaa qaban ogummaa isaanii dhiisanii haala mijataa barbaacha gara hojii biroo garaagaraatti taasisan hir'isuun ogummaa barsiisummaa hawwataa taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Rakkoolee hawaasummaa fi diinagdee barsiisotaa hiikuun, keessattuu rakkoo mana jireenyaatin walqabatee dhiibbaa jireenya dhuunfaa isaanii irra gahu hambisuudhaan barsiisonni hojii guyyaa guyyaa isaanii karaa nagaa fi tasgabbii qabuun hojjachuu akka danda'an gochuu; maatii fi hawaasni ogummaa isaaniif ilaalcha gaarii qabaatanii deeggarsa barbaachisu akka taasisan gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakk.163/2003 keewwata 65 (2) tin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Sirna Kenniinsa Manaa fi Lafa Mana Jireenyaa Barsiistota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.183 /2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Dambii kana keessatti:

   1) **"Barsiisaa"**jechuun manneen barnootaa, dhaabbilee barnootaa fi kollejjoota mootummaa naannichaa keessatti dhaabbiidhaan qaxaramee nama barsiisu jechuudha.
   2) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

3) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaati.
4) **"Manneen Hojii Barsiisuu fi Leenjisuu Irratti Bobba'anii"** jechuun Biiroo Eegumsa Fayyaa, Komishiniii Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa, Kollejjii Paabliik Sarviisii fi Inistitiyuutii Leenjii Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa jechuudha.
5) **"Bulchiinsa Magaalaa"** jechuun magaalota Oromiyaa Mana Maree mataa isaanii qaban jechuudha.
6) **"Ejensii"** jechuun Ejensii Misoomaa fi Manajimantii lafa magaalaa mootummaa naannoo Oromiyaa jedhuudha.
7) **"Hooggansa Barnootaa"** jechuun dura bu'aa, itti aanaa dura bu'aa fi supparvaayizara manneen barnootaa sadarkaa barnoota idileen duraa irraa hanga qophaa'inaatti dhaabbiidhaan qaxaramanii hojjatan ta'ee, hooggansa dhaabbilee barnootaa fi kollejjootaa kan dabalatu ta'a.
8) **"Magaalaa**" jechuun magaalaa qaamni seerummaa magaalummaa kennameef jechuu dha.
9) **"Dhaabbilee Banrootaa fi Leenjii"** jechuun manneen barnootaa mootummaa naannichaa barnootni idileen duraa hanga qophaa'inaa kan keessatti kennamu ta'ee, dhaabbilee barnootaa fi kollejjootaa kan dabalatu ta'a.
10) **"Mana"** jechuun mana haala seera qabeessa ta'een ijaaramee tajaajila mana jireenyaatiif oolu jechuudha.
11) **"Qe'ee Jireenya Barsiisotaa"** jechuun qabeenyummaan isaanii kan mootummaa ta'ee rakkoo mana jireenyaa barsiisotaa hiikuuf mootummaan yookiin hirmaannaa uummataa fi mootummaatiin kan ijaaramanii fi barsiisonni ogummaa barsiisummaa isaanirra hanga jiraatanitti naannoo mana jireenyaa waliinii keessa jiraatan kan ofkeessatti qabate jechuudha.
12) **"Sagantaa misooma manaa"** jechuun mootummaan rakkoo mana jireenyaa salphisuuf sagantaa 10/90, 20/80, 40/60 tiin waldaa hojii gamtaa ijaarsaa mana jireenyaaf baase jechuu dha.
13) **"Waldaa"** jechuun waldaa ijaarsa mana jireenyaa barsiisotaan gurmaa'ee fi galmaa'e qaama seerummaa argate jechuu dha.
14) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuudha.

3. **Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. **Kaayyoo**

1) Naannoo mana jireenyaa barsiisotaa mijaa'aa taasisuun barsiisonni ogummaa isaanii akka jaalatan, fedhii fi kaka'umsi barsiisuu isaanii akka dabalu taasisuu;

2) Kabaja ogummaan barsiisummaa qabu dabaluudhaan ogummaan barsiisummaa barattootaa fi hawaasa biratti fudhatama qabu guddisuun namoonni gahumsa qaban gama ogummichaa akka dhufan ogummicha hawwataa taasisuu;
3) Barsiisonni gahumsa ol'aanaa fi naamusa gaarii qabaatanii naamusni fi qabxiin barattootaa akka fooyya'u akka taasisan gochuu;
4) Rakkoolee hawaasummaa barsiisota dubartootaa fi qaama miidhamtootaa irra gahan akka furaman gochuuf deeggarsa addaa taasisuudha.

**5. Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun manneen barnootaa, dhaabbilee barnootaa fi kollejjoota mootummaa naannichaa keessatti barsiisota barsiisanii fi hooggansa kennan akkasumas dambichi erga hojiirra oolee barsiistotaa fi hooggantoota soorama bahan irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama

## Haalota Barsiisotni Mana Jireenyaa Yookiin Lafa Mana Jireenyaa Itti Argatan

**6. Qajeeltoo Waliigalaa**

1) Manni jireenyaa yookiin lafti mana jireenyaa barsiisotaa bara tajaajila isaanii irratti hundaa'ee sadarkaa sadarkaan kan kennamuuf ta'a;
2) Sirni kenniinsa manaa fi lafa mana jireenyaa barsiisotaa iftoomina kan qabuu fi itti gaafatamummaan keessatti kan mirkanaa'e ta'a;
3) Adeemsi manni jireenyaa fi lafti barsiisotaaf itti kennamu hirmaachisaa fi qajeeltoowwan bulchiinsa gaarii kan kabaje ta'a;
4) Barsiisaan mana barumsaa mootummaa naannichaa keessatti dhaabbiidhaan qaxaramee hojjatu kamiiyyuu gosummaan, amantiin, saalaan, jireenya hawaasummaa fi kan kana fakkaataniin garaagarummaan kamiyyuu osoo hin jiraanne mirgi walqixa fayyadamuu isaanii kan mirkanaa'e ta'a.

**7. Haala barsiisaan mana yookiin lafa mana jireenyaa itti argatu**

1) Barsiisaan Manneen Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Mana Qopheessaa, Mana Qopheessaa Guddattuu fi Bulchiinsa Gandaa Baadiyya jalatti ijaaraman keessatti barsiisu kamiiyyuu:
   a) Manneen mootummaan yookiin mootummaa fi deeggarsa ummataatiin naannoo qe'ee jireenya barsiisotaa keessatti hojjataman keessa bilisaan kan jiraatu ta'a;
   b) Keewwata kanaa keewwata xiqqaa 1 (a) jalatti kan tumamee akkuma eegametti ta'ee, barsiisaan baasii mataa isaatin mana jireenyaa ijaarachuu barbaaduuf lafti mana jireenyaa magaalota Aanaa keessatti barsiisu keessaa kan inni filate keessatti $m^2$ 200 gatii ka'umsa liizii yookiin gatii kiraa magaalichaatiin ni kennamaaf;

c) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (b) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, barsiisonni waldaadhaan ijaaramanii mana jireenyaa ijaarachuu barbaadan bu'uura Dambii Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 181/2008 tiin kan gurmaa'anii fi lafa kan argatan ta'a;
d) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (c) tin manni barsiisonni gurmaa'anii ijaarratan sadarkaa bulchiinsi magaalichaa baase kan eeggate ta'uu qaba.

2) Barsiisaan Manneen Barnootaa Magaalota Sadarkaa Giddu Galeessaa fi Guddattuu keessatti ijaaraman keessatti barsiisu kamiiyyuu:
a) Naannoo manneen barnootaatti qe'ee jireenyaa barsiisotaa mootummaan yookiin ummataan yookiin mootummaa fi deeggarsa ummataatiin ijaaraman keessa bilisaan kan jiraatu ta'a;
b) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (a) jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, barsiisaa baasii mataa isaatiin mana jireenyaa ijaarrachuu barbaaduuf lafti mana jireenyaa Magaalota Guddattuu keessatti $m^2$ 200, Magaalota Giddugaleessa keessatti $m^2$ 160 gatii ka'umsa liizii magaalichaatiin ni kennamaaf;
c) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (b) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, barsiisonni waldaadhaan ijaaramanii mana jireenyaa ijaarachuu barbaadaniif bu'uura Dambii Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 181/2008 tiin kan gurmaa'anii fi lafa kan argatan ta'a;
d) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 2 (c) tiin manni barsiisonni gurmaa'anii ijaaran sadarkaa bulchiinsi magaalichaa baase kan eeggate ta'uu qaba.

3) Barsiisaan Manneen Barnootaa Magaalota Ol'aanaa Keessatti Ijaaraman Keessatti Barsiisu kamiiyyuu:
a) Naannoo manneen barnootaatti qe'ee jireenyaa barsiisotaa mootummaan yookiin ummataan yookiin mootummaa fi deeggarsa ummataatin ijaaraman keessa kiraa madaalawaadhaan kan jiraatu ta'a;
b) Keewwata kana keewwatta xiqqaa 3 (a) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, barsiisaa baasii mataa isaatiin mana jireenyaa ijaarrachuu barbaaduuf lafti mana jireenyaa $m^2$ 160 gatii ka'umsa liizii magaalichaatiin ni kennamaaf;
c) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 (b) jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, barsiisonni waldaadhaan ijaaramanii mana jireenyaa ijaarachuu barbaadan bu'uura Dambii Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 181/2008 tiin kan gurmaa'anii fi lafa kan argatan ta'a;
d) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3 (c) tin manni barsiisonni gurmaa'anii ijaaratan sadarkaa bulchiinsi magaalichaa baase kan eeggate ta'uu qaba.

e) Bulchiinsi magaalichaa mana jireenyaa waliinii sagantaa misooma manaatiin jiraattota magaalaaf ijaarsisu yookiin mana jireenyaa waliinii hojjattoota mootummaaf carraa % 20 kenname dabalataan carraan % 10 kennameefii barsiisonni kophaa isaanii wal-dorgomanii kan argatan ta'a;

f) Gandoota Baadiyaa Magaala jala galan keessatti manneen barnootaa ijaaraman keessaatti barsiisota barsiisaanif tumaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa 3(a-e) jiran raawwatiinsa ni qabaatu.

4) Barsiisaan magaalota Sadarkaa Muummee keessatti barsiisu kamiiyyuu:

a) Mootummaan baasii mataa isaatiin mana jireenyaa waliinii ijaaree gatii madaalawaa ta'een ni kireessaaf;

b) Keewwata kanaa keewwata xiqqaa 4 (a) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, barsiisota gurmaa'anii baasii mataa isaanitiin mana jireenyaa ijaarrachuu barbaadaniif lafti ijaarsa mana jireenyaa $m^2$ 140 ka'umsa gatii liizii magaalichaatiin ni kennamaaf;

c) Bulchiinsi magaalichaa mana jireenyaa waliinii sagantaa misooma manaatiin jiraattota magaalaaf ijaarsisu yookiin mana jireenyaa waliinii hojjattoota mootummaaf carraa % 20 kenname dabalataan carraan % 10 kennameefii barsiisonni kophaa isaanii wal-dorgomanii kan argatan ta'a;

d) Gandoota baadiyyaa Magaala jala galan keessatti manneen barnootaa ijaaraman keessa barsiisaa barsiisu ilaalchisee mirgootni keewwata kana keewwata xiqqaa 4(a-c) tarreefaman raawwatiinsa ni qabaatu.

## 8. Iddoo fi Haala Ijaarsa Manneen Jireenyaa Barsiisotaa Mootummaan Yookiin Mootummaa fi Deeggarsa Ummataatiin Ijaaramanii

1) Manni jireenyaa barsiisotaa mootummaan yookiin ummataan yookiin mootummaa fi deeggarsa ummataatiin ijaaramu qe'eewwan daangaa mana barumsaa keessaatti adeemsa baruuf barsiisuu karaa jeequu hin dandeenyeen daree barumsaa irraa fagaatee ijaaramuu qaba;

2) Daangaa mana barumsaa keessatti lafti gahaan kan hin jirre yoo ta'e, iddoo mana barumsaatti dhiyoo ta'ee fi bulchiinsi gandaa mijeessutti kan ijaaramu ta'a;

3) Barsiisota Magaalota sadarkaa Muummee keessatti barsiisaniif manni jireenyaa waliinii barsiistotaa iddoo mijaa'aa ta'eetti ijaaramuu qaba;

4) Haalli ijaarsa manneen jireenyaa barsiisotaa haala qabatamaa barsiisota qaama miidhamtootaa ta'anii tilmaama keessa kan galche ta'uu qaba.

## Kutaa Sadii

## Mirga, Dirqamaa fI Haala Qooddii Qe'ee fi Mana Jireenya Barsiistotaa

### 9. Mirgoota Barsiistotaa

Barsiisaan kamiiyyuu:

1) Mana jireenyaa maqaa isaatiin yookiin maqaa haadha warraa isaatiin galmaa'e kan hin qabnee yoo ta'e, qe'ee mana jireenyaa barsiistotaa mootummaan qopheessuu yookiin mijeessuu keessa jiraachuuf mirga qaba;
2) Manneen jireenya waliinii mootummaan ijaaraman keessatti haala carraa barsiisootaaf kennamuun fayyadamuuf mirga qaba;
3) Barsiisonni gaa'ela qabanii fi mana jireenyaa hin qabne mana jireenya waliiniitiif kophaa kophaatti dorgomuu ni danda'u;
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatullee barsiisota gaa'ela qabaniif carraan yoo baheef carraa nama tokkoo qofaan kan fayyadaman ta'a.

### 10. Dirqama Barsiisaa

Barsiisaan kamiiyyuu:

1) Ogummaa barsiisummaa yeroo gadidhiisu mana mootummaa keessa jiraataa ture yeroo isaaf murtaa'e keessatti gadhiisuun qaama dhimmi ilaallatu wajjiin wal-harkaa fuudhiinsa raawwaachuu qaba;
2) Mana barumsaa itti barsiisaa ture irraa gara mana barumsaa biraatti yoo jijjiiramu mana mootummaa duraan keessa ture gadi lakkisuun iddoo itti jijjiirametti mana kennamuuf fudhachuu ni danda'a;
3) Mana jireenyaa maqaa isaatiin yookiin haadha warraa isaatiin galmaa'e kan hin qabaannee ta'uu isaa ragaa agarsiisu qaama dhimmi ilaaluuf kennuu qaba;
4) Haala motummaan mijesseen qe'ee barsiisotaa keessa jiraataa turanii fi mana jireenya motummaan isaaniif kenne qulqullinaan eeggachuu, kunuunsuu fi dambii ittiin bulmaata mana jireenyaa waliinii kabajuu qaba;
5) Mana jireenyaa qe'ee barsiistotaa keessa jiraatuu ilaalchisee kaffaltii tajaajila ibsaa, bishaanii, bilbilaa fi kan kana fakkaatan dhuunfaan itti fayyadame yookiin gareen itti fayyadaman raawwachuu qabu;
6) Dambii kanaan fayyadamoo kan ta'an barsiisonni, dura bu'oonni Manneen barnootaa fi Supparvaayizaronni qaama beekamtii seeraa qabuu fi dhimmi isaa ilaallatu waliin waliigaltee raawwachuu fi haala waliigaltee isaanitiin kaffaltii tajaajiloota keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti ibsaman yeroon rawwachuu qabu;

7) Tilmaama gatii ijaarsa manichaa Dambii Gurmaa'insa Waldaa Ijaarsa Mana Jireenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 181/2008 keessatti kan taa'e bu'urreeffatee yeroo gurma'uu % 10, yeroo lafa harkaan gahatu % 10 kan qusatu ta'ee, kan hafu dhawaataan ijaarsa manaa keessatti kan qusatu ta'a.

**11. Haala Qooddii Qe'ee fi Mana Jireenya Barsiisotaa**

Ijaarsi qe'ee mana jireenya Barsiisootaa akkuma xumurameen qooddii fi gosti mana jireenyaa bara tajaajila irratti kan bu'ureeffatee ta'ee;

1) Ogummaa barsiisummaatiin erga qaxaramanii kaasee haaluma tajaajila isaanii fi baay'ina maatii ka'umsa gochuun abbaa mana ciisicha tokkoo yookiin lamaa bilisaan yookiin kiraa madaalawaa ta'een ni kennamaaf;
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, barsiisota dubaraatiif dursi ni kennama; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
3) Barsiisota manneen barnoota baadiyyaa keessatti barsiisaniif haala qabatamaa mana barumsichaatiin mooraa keessatti yookiin naannoo mana barumsaatti ijaaruun tokkoo tokkoo barsiisaaf akka gahu ni taasifama;
4) Qaama miidhamtoota ilaalchiisee seeronni bahan akkuma jiranitti ta'ee, manneen jireenyaa ijaarsi isaanii xumurame yeroo qooddamu dursa akka argatan ni taasifama;
5) Barsiisota dubaraa qaama miidhamtoota ta'aniif sababa koornayaa fi miidhama qaamaatiin dhiibbaa isaan irra gahu tilmaama keessa galchuun deeggarsi barbaachiisaa ta'e ni taasifamaaf.

## Kutaa Afur

## Aangoo fi Hojii Qaamolee Adda Addaa

**12. Aangoo fi Hojii Biiroo Barnootaa fi Manneen Hojii Barsiisuu fi Leenjisuu Irratti Bobba'anii fi Caasaalee isaanii**

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Dambii kana raawwachiisuuf Biiroon Barnootaa fi Manneen Hojii Barsiisuu fi Leenjisuu irratti bobba'anii fi Caasaaleen isaanii aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaatu;

1) Dambicha hojiirra ni oolchu; hojirra akka oolu ni taasisu; akkaataa barbaadameen hojiirra ooluu isaa ni hordofu;
2) Dambicha qaamolee dhimmi ilaalu hundaa biratti akka beekkamu ni taasisu; leenjii barbaachisaa ta'e ni kennu;
3) Ijaarsa qe'ee barsiistootaaf baadiyyaa hirmaannaa ummataa walitti qindeessuun akka ijaaramu ni taasisu;

4) Qaamolee sadarkaa sadarkaan jiran qindeessuun barsiisota mana jireenyaa qabanii fi kan hin qabne adda ni baasu;
5) Koreewwan ijaarsa mana jireenyaa barsiisotaa hordofan sadarkaa adda addaatti ni hundeessu; ni qindeessu; raawwii isaanii gamaaggamuun kallattii ni kaa'u;
6) Haala waliigalaa ijaarsa mana jireenya barsiisootaa madaaluun kallattii ni kaa'u;
7) Karoora ijaarsa mana jireenyaa barsiisotaa ni baafatu; baajatni barbaachisu akka qabamu ni taasisu; Caasaaleen Manneen hojichaa sadarkaan jiranis karoora akka baafatanii fi baajata karaa caasaalee Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee sadarkaan jiraniitin akka qabsiifatan ni taasisu; raawwii isaa ni hordofu; ni gamaaggamu;
8) Gabaasa raawwii ijaarsa misooma manneenii ilaalchisee Bulchiinsa Magaalotaa, Godinaa fi Aanaalee addaa addaa irraa dhufu ni madaalu;
9) Qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uudhaan barsiisonni waldaan ijaaramanii mana ijaarachuu barbaadan akka gurmaa'an haala ni mijeessu;
10) Barsiisonni bu'uura Dambii kanaatin baasii mataa isaanitiin mana jieenyaa dhuunfaadhaan yookiin waldaan ijaaramanii ijaarachuu barbaadan lafa akka argatan qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun haala ni mijeessu; raawwii isaa ni hordofu;
11) Barsiisonni akkuma hojjataa mootummaa kamiyyuu magaalota keessatti manneen jireenya waliinii ijaaraman keessatti kan taa'e carraan %20 qaban akkuma eegametti ta'ee, isaan kophaatti dabalataan %10 qaban hojiirra ooluu isaa ni hordofu;
12) Ijaarsa mana jireenya waliiniif yookiin mana jireenyaa dhuunfaa ijaarachuuf gurmaa'anii haaluma pilaaniitiin kaffaltii yeroo dheeraa fi gabaabaatiin barsiisota ijaarachuu hin dandeenyeef tajaajila liqii akka argatanii fi haalli akka mijaa'uuf ni taasisu;
13) Hooggansi barnootaa sadarkaa Naannoo, Godiinaa, Bulchiinsa Magaalaa fi Aanaa irra jiran dhimmoota isaan ilaallatu keessatti dambii kana bu'ureeffachuun kan raawwatamuu ta'uu isaa mirkanessuuf itti gaafatamummaa qabu;
14) Ijaarsa qe'ee jireenya barsiisotaaf ummanni hirmaannaa akka taasisuuf sirna ni diriirsu; qajeelfama ni qopheessu; hojirra oolmaa isaa ni hordofu.

## 13. Aangoo fi Hojii Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa fi Caasaa Isaa

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Dambii kana raawwachiisuuf Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa fi Caasaaleen isaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaatu:

1) Ijaarsa qe'ee barsiistootaaf ummanni magaalaa hirmaannaa akka taasisu ni hojjata; ni ijaaramuu isaa ni hordofa; ni too'ata;

2) Biiroo Barnootaa waliin ta'uudhaan Dambii kana irratti hubannoon akka uumamu ni taasisa;
3) Manneen kiraa barsisotaaf ijaaraman dizaayini isaanii qopheessee ni dhiyeessa; yeroo mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
4) Qajeelfama waldaa ijaarsa mana jireenyaa barsiisotaa ni baasa; hundeeffama waldaa barsiisotaa ilaalchisee maanuwaalii, moodela dambii ittiin bulmaataa fi barreeffama hundeeffamaa waldaa ni qopheessa;
5) Dizaayinii sadarkaa isaa eeggate fi 'topology' gamoo ijaaramuu akkasumas tilmaama gati ijaarsaa (cost estimation) ni qopheessa; hojimaata ittiin hordofamu ni diriirsa; leenjii fi hubannoo ni kenna; raawwii isaa ni madaala;
6) Lafti waldaa ijaarsa mana jireenyaa barsiisotaaf kennamu yeroon qophaa'uu isaa ni hordofa; deeggarsa barbaachisu ni taasisa;
7) Gurmaa'insaa fi galmeeffama waldaa ijaarsaa mana jireenyaa barsiisotaa raawwii fi komii jiru ni hordofa; ni sirreessa.

## 14. Aangoo fi Hojii Waajjira Industirii fi Misooma Magaalaa

Waajjirri Industirii fi Misooma Magaalaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Waajjira Industirii fi Misooma Magaalaatti caasaan dhimma manaa ilaallatu Magaalota mana qopheessaa fi mana qopheessaa guddattu keessatti bakka caasaan Aanaa hin jirreetti waldaa mana jireenya barsiistotaa ni gurmeessa; ni galmeessa; qaama seerummaa ni kenna;
2) Moodela hundeeffamaa, qaboo yaa'ii, moodeela dambii ittiin bulmaataa akkasumas sanadoota adda addaa Biiroo irraa ergamuuf magaalotaaf ni dabarsa;
3) Waldaan hojii gamtaa ijaarsa mana jireenyaa karaa godinaatiin gurmaa'an waraqaa ragaa qaama seerummaa (certificate of registration) ni kenna;
4) Sababa adda addaatiin miseensi waldaa yoo gadhiise yookiin miseensummaa irraa haqame dhimma isaa qulqulleessuun ni mirkaneessa;
5) Waajjira Barnoota sadarkaan jiru waliin ta'uun Manneen karaa qaama adda addaatiin ijaaraman yammuu xumuraman miseensota galmaa'aniif dhaqqabuu isaa ni mirkaneessa;
6) Waldaaleen ijaarsa mana jireenyaa barsiisotaatiin gurmaa'anii galmaa'an hojii yammuu jalqaban baasii fi galii isaanii ilaalchisee herrega seeraan akka galmeessanii qabatan ni hordofa; yeroo barbaachisaa ta'us herrega isaanii odiitara eeyyama qabuun qorachiisee gabaasni isaa akka dhiyaatu ni taasisa;

7) Waldaaleen mana jireenya barsiisotaa gurmaa'anii turan sababa adda addaatiin yoo diigaman maallaqni herrega baankii cufaa keessatti qabamee jiru miseensotaaf akka deebi'u yaa'ii waliigalaa waldichaatiin murtaa'ee qaboo yaa'iin qabamee gaaffiin yammuu dhiyaatu maallaqni akka gadi lakkifamuuf ni taasisa;
8) Hojii fi ittigaafatamummaa adda addaa dambii fi qajeelfama irratti ibsame ni raawwata.

## 15. Aangoo fi Hojii Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa

Ejensichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Lafa waldaa ijaarsaa mana jireenyaatiif oolu ni qopheessa; ni murteessisa; yeroo hayyamamu waldaaleef tartiiba galmee isaaniitiin ni kennaaf;
2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin lafa murtaa'ee qophaa'e guyyoota walitti aananii jiran kudhan keessatti sanada qabiyyee lafaa qopheessee harkaan gahuun qaama gurmeesse ni beeksisa;
3) Waldichaaf lafa ijaarsa manaa jireenyaa magaalota liiziin bulan keessatti gatii ka'umsa liiziitiin; magaalota kiraan bulan keessatti gatii kiraatiin ni kenna;
4) Lafti qophaa'e baay'ina waldaalee ulaagaa guutanii dhiyaataniin kan wal hin geenye yoo ta'e, tartiiba galmee waldaaleetiin lafa ni kennaaf;
5) Ijaarsi mana jireenyaa waldaalee bu'uura pilaanii hayyamameen ijaaramee xumuramuu isaa Waajjira Konistiraakshinii Godinaa yookiin Magaalaatiin yeroo mirkanaa'u ragaa abbaa qabeenyummaa maqaa waldichaatiin jiru maqaa tokkoo tokkoo miseensaatiin qopheessee ni kenna;
6) Ragaa waldaalee lafti kennameef qindeessee ni qabata; qaama hayyamameef dabarsee ni kenna.

## 16. Aangoo fi Hojii Waajjira Konistiraakshinii Godinaa fi Magaalaa

1) Waldaaleen ijaarsa manneenii lafti eeyyamameef bu'uura pilaanii magaalaa sadarkaa ijaarsaa eeguun akka ijaaran ragaa pilaanii waliigaltee ni kenna;
2) Waldaaleen ijaarsa manneenii pilaanii waliigaltee kennameef, caasaa pilaanii misooma magaalaa, akkasumas dizaayinii seeraa sadarkaan ijaarsaa barbaaduun guuttatee yoo dhiyaate hayyama ijaarsaa ni kenna; ni hordofa; ni too'ata; ni sirreessa;
3) Waldaaleen gaaffii fooyya'iinsaa fi haaromsa ijaarsaa yoo dhiyeessan xiinxalee hayyama ni kenna;
4) Ragaalee waldaalee eeyyamni ijaarsa manneenii kennameef qindeessee ni qabata;
5) Sadarka ijaarsaa manneen waldaaleen irra gahan ilaaluun qarshii herrega baankii cufaa keessa jiru akka gadi lakkifamuuf qaama ilaallatuuf xalayaa ni barreessa;

6) Waldaaleen lafa fudhatanii fi hayyama ijaarsaa argatan akkaataa labsii gamootiin waliigaltee galaniin, ijaarsa jalqabuu fi xumuruu isaanii ni hordofa; ni too'ata;
7) Ijaarsi mana waldaalee akkaataa waliigalteetiin xumuramuu isaa mirkaneessuun kaartaa fi pilaaniin miseensota waldichaaf dhuunfaan hojjatamee akka kennamuuf xalayaa Ejensiif ni barreessa;
8) Ijaarsi manichaa istaandaardii fi dizaayinii taa'eef irratti hundaa'ee xumuramuu isaa ni mirkaneessa; walharkaa fuudhiinsi akka taasifamu waldichaaf xalayaa ni barreessa.

## 17. Aangoo fi Hojii Biiroo Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Dambii kana raawwachiisuuf Biiroon Lafa Baadiyyaa Eegumsa Naannoo aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Lafa mana jireenyaatiif oolu ni qopheessa; ni murteessisa; yeroo hayyamamu qaama ijaarsa irratti gaggeessuuf ni kennaaf;
2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin lafa murtaa'ee qophaa'e guyyoota hojii kudhan keessatti sanada qabiyyee lafaa qopheessee harkaan gahuun waajjira Barnootaa sadarkaa sanatti jiru ni beeksisa.

## 18. Aangoo fi Hojii Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Oromiyaa

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Dambii kana raawwachiisuuf Biiroon Maallaqaa fi Misooma Diinagdee aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Ijaarsa mana jireenya barsiistoota baajata gama mootummaatiin qabamuu qabu Bulchiinsa Aanaa fi Bulchiinsa Magaalaa irratti akka qabamu ni taasisa; rawwii isaa ni hordoofa;
2) Maallaqaa fi meeshaalee hirmaannaa ummataatiin walitti qabamu nagahee seeraa akka qabaatu Biiroo Barnootaa waliin ni qopheessa; raawwii isaa ni too'ata.

## 19. Aangoo fi Hojii Bulchiinsa Magaalaa

Bulchiinsi Magaalaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Ijaarsa qe'ee barsiistootaa magaalaa keessatti hirmaannaa ummataatiin yookiin baajata mootummaatiin akka ijaaramu ni taasisa; ni ijaarsisa; Waajjira Barnootaa waliin ta'uun qoodinsi akka raawwatamu ni taasisa; raawwii isaa qaama dhimmi ilaallatuuf ni dhiyeessa;
2) Bulchiinsi magaalotaa mana qopheessaa adeemsa dhimma manaa raawwachuuf caasefameen waldaa mana jireenyaa barsiistootaa gurmeessuun galmeessu qaama seerummaa ni kennu;

3) Namni waldaan gurmaa'u kamiyyuu ragaa ulaagaa Dambii kana keessatti tumaman guutee dhiyyeeffachuu isaa ni qulqullessa; ni mirkaneessa;
4) Waldaa ijaarsa mana jireenyaa barsiisotaa barbaachisummaa isaa, sirnaa fi adeemsa gurmaa'uu fi galmaa'uu ilaalchisee ragaalee barbaachisaa ta'an hundumaa haala iftoomina qabuun qopheessee ni kenna;
5) Haala adeemsa miseensonni ittiin galmaa'an unkaalee adda addaa, qaboo yaa'ii, barreeffama hundeeffamaa, moodeela dambii ittiin bulmaataa, sanadoota biraa barbaachisaa ta'an moodeela Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa irraa ergamuuf irratti hundaa'ee hojiirra ni oolcha;
6) Sababa adda addaatiin miseensi waldaa yoo gadhiise yookiin miseensummaa irraa haqame dhimma isaa qulqulleessuun ni mirkaneessa;
7) Manneen karaa qaama adda addaatiin ijaaraman yammuu xumuraman miseensota galmaa'aniif dhaqqabuu isaa Waajjira Barnoota sadarkaan jiru waliin ta'uun ni mirkaneessa.
8) Waldaaleen gurmaa'anii galmaa'an hojii yammuu jalqaban baasii fi galii isaanii ilaalchisee herrega seeraan akka galmeessanii qabatan ni hordofa; yeroo barbaachisaa ta'us herrega isaanii odiitara eeyyama qabuun qorachiisee gabaasni isaa akka dhiyaatu ni taasisa;
9) Waldaaleen gurmaa'anii turan sababa adda addaatiin yoo diigame maallaqni herrega baankii cufaa keessatti qabamee jiru miseensotaaf akka deebi'u yaa'ii waliigalaa waldichaatiin murtaa'ee qaboo yaa'iin qabamee gaaffiin yammuu dhiyaatu maallaqni akka gadi lakkifamuuf ni taasisa;
10) Hojii fi ittigaafatamummaa adda addaa dambii fi qajeelfama irratti ibsame ni raawwata.

## 20. Aangoo fi Hojii Bulchiinsa Ganda Baadiyyaa

Bulchiinsi Ganda Baadiyyaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Lafa ijaarsa Mana jireenya barsiisootaaf iddoo dhiyeenya mana barumsaaf qabuutti ni qopheesa;
2) Iddoowwan qophaa'an irratti ijaarsi mana jireenya waliinii hirmaannaa ummataatiin akka ijaaramu ni taasisa; raawwii ijaarsichaa ni hordofa; ni too'ata;
3) Boordii Barnootaa fi Leenjii Gandaa waliin ta'uun qooddii isaa ni raawwata;
4) Gabaasa raawwii hojii kanaas ummataa fi caasaa sadarkaan jiruuf ni dhiyeessa.

## Kutaa Shan
## Tumaalee Adda Addaa

**21. Qabiinsa Ragaa**

Waajjiraaleen Barnootaa fi Manneen hojii barsiisuu fi leenjisuu irratti bobba'anii sadarkaan jiran ragaa mana jireenyaa fi lafa mana jireenyaa barsiisotaan walqabatu of-eeggannoon qabuu fi ol-kaa'uu qabu.

**22. Barsiisaa Soorama Bahu**

1) Seera sooramaa keessatti mirgootni barsiisaaf kennaman akkuma eegamanitti ta'ee, ogummaa barsiisummaatiin tajaajilaa turee Dambiin kun erga mirkanaa'ee booda barsiisaan soorama bahe mootummaan jiraattotaaf manneen jireenyaa waliinii ijaarsisu keessaa gahee barsiisotaaf kennamuu fi carraa lafa mana jireenyaa argachuu akkuma barsiisota kaanii mirga ni qabaata;
2) Qe'ee mana jireenya barsiisotaa keessa jiraachaa turee sababa yeroon soorama isaa gaheef hojii barsiisummaa irraa yammuu adda bahu manicha qaama dhimmi ilaalutti dabarsee kennuu qaba;
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatullee, mana jireenyaa biraa akka barbaaddatuuf yeroon turtii ji'a jahaa ni kennamaaf.

**23. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiiyyuu Dambii kanaa fi qajeelfama bu'uura dambii kanaatiin bahu raawwachiisuuf deeggarsa kennuuf dirqama ni qabaata.

**24. Itti Gaafatamummaa**

Namni kamiiyyuu tumaalee Dambii kanaa cabsuudhaan kan galmaa'e yookiin kan galmeesse yookiin galmaa'uuf kan yaale yookiin galmeessuuf kan yaale, kan dogoggorsiise, adeemsa galmee kan jeeqe, ragaa sobaa kan kennee fi dhiyeeffate seera siviliitiin yookiin yakkaatiin yookiin lamaaniinuu kan gaafatamu ta'a.

**25. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Waajjirri Pirezidaantii qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ta'uun qajeelfama qopheessee karaa Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin akka bahu taasisuu ni danda'a.

**26. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawatiinsa hin qabaatan.

**27. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun **<u>Waxabajjii 24,</u>** Bara 2008 irraa eegale hojiirra kan oolu ta'a.

Muktaar Kadir
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
Finfinnee
**<u>Waxabajjii 24,</u>** Bara 2008